Latvia

# DAATAAN DHUUNFAA KOO MAALIIF GARA EURODAC TTI DABARFAMA?

Gosa G

**FAYYADAMTOOTA EEGUMSA YEROO**



OROMO

## BARRUU KANA MAALIFAN FUDHADHA?

Biyya Miseensa Gamtaa Awurooppaa (EU) taate tokkoon akka fayyadamaa eegumsa yerootti galmooftaniittu.

Barruun kun daataa aangawootaan kuufamuu fi yeroo hammamiif akka kuufamu odeeffannoo dabalataa kenna.

## ASHAARAA QUBAA FI SUURAA KOO MAALIIFAN KENNUU QABA?

Biyya keessan keessaa baatanii amma biyya kana keessatti fayyadamaa eegumsa yeroodha.

Gosti haala eegumsaa kun kan yerooti. Biyyoonni Miseensota Gamtaa Awurooppaa eegumsichi itti fufuu qabaachuu fi dhiisuu isaa yeroo yeroon murteessu.

Angawoonni biyya kana keessa jiran ashaaraa qubaa fi suuraa keessan ni fudhatu. Daataan kun odeeffannoo eenyummaa keessanii fi odeeffannoowwan barbaachisoo biroo waliin gara kuusdeetaa Eurodac tti ni darba.

Eurodac namoota gosoota murtaa'oo lammiilee biyya EU+ hin taane ashaaraa qubaa fi suuraa addaa isaanii waliin walqabsiisa.

Kuuseetaan kun biyyoota EU+ 31 kanneen odeeffannoo keessan argachuuf daataa keessan adeemsisuu danda'aniin fayyadamama. Biyyoonni EU+ dhuma barruu kanaa irratti tarreeffamaniiru.

**Amma Latvia kan biyya EU+ taate keessa jirtu.**
**Biyyoonni EU+ kan ta'an:**

Biyyoota Miseensota Gamtaa Awurooppaa (EU) 27: Awustiriyaa, Beeljiyeem, Bulgaariyaa, Kirooshiyaa, Qoophiroos, Cheek, Deenmaark, Istooniyaa, Fiinlaand, Faransaay, Jarmanii, Giriik, Hangaarii, Xaaliyaan, Laativiyaa, Luutaaniyaa, Luugeembarg, Maaltaa, Neezerlaand, Poolaand, Poorchugaal, Rippaabilika Aayerlaandii, Roomaaniyaa, Isloovaakiyaa, Isloovaaniyaa, Ispeen, Siwiidin fi

biyyoota biroo 4: Ayislaand, Lechtenistiyaan, Noorweey, Siwiizerlaand

## ODEEFFANNOO AKKAMIITU EURODAC KEESSATTI KUUFAMA?



Odeeffannoon armaan gadii yeroo hunda ni kuufama:

- ashaaraa quba keessanii
- suuraa fuula keessanii
- maqaa amma ykn kanaan dura itti fayyadamtan hunda
- guyyaa dhaloota keessanii
- sabummaa ykn lammummaa keessan
- saala keessan
- waraabbii sanadoota eenyummaa ykn imalaa fayyadamtan, bakka jiru, odeeffannoo waa'ee dhugummaa isaanii dabalatee
- ID fayyadamaa qondaala ashaaraa qubaa fi suuraa keessan fudhatee fi guyyoota daataa keessan itti fudhatamee fi itti darbe
- Biyya Miseensota Gamtaa Awurooppaa, bakka fi guyyaa akka fayyadamaa eegumsa yerootti itti galmooftan

Odeeffannoo dogoggoraa Eurodac keessatti kuufame argachuu fi fooyyessuu fi odeeffannoon keessan seeraan ala yoo qabame akka haqamu gaafachuuf mirga qabdu. Kana gochuuf too'ataa daataa qunnamuu dandeessu. Odeeffannoon quunnamtii to'ataa daataa barruu mata duree '**Waa'ee Eurodac wanta beekuu qabdan**' jedhuun argamuu danda'a.

## ODEEFFANNOON BIRAA EURODAC KEESSATTI NI KUUFAMAA?

Biyyi Miseensota Gamtaa Awurooppaa tokko ashaaraa qubaa keessan fudhachuun yoo dirqama ta'e ykn sababa amala keessaniin eegumsa yeroof akka hin guunne yoo yaadan, odeeffannoo kana Eurodac keessatti galmeessuu qabu.

Kun ta'uu kan danda'u yoo odeeffannoon kana akka qabdan agarsiisu yoo jiraate:

- yakka baay'ee hamaa, kan akka yakka waraanaa ykn yakka dhala namaa irratti raawwatame yoo raawwattan.
- gara Awurooppaa osoo hin dhufiin biyya biraatti yakka cimaa yoo raawwataniittu ta'e
- tarkaanfii faallaa seera bu'uuraa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii yoo raawwattan.

## DAATAA DHUUNFAA KOO EURODAC KEESSA YEROO HANGAMIIF KUUFAMA?



Odeeffannoon keessan hanga haalli eegumsa yeroo keessanii sirrii ta'etti ni kuufama. Yoo haalli eegumsa keessan yeroon itti darbe, daataan keessan ni haqama

Yaadannoon kun odeeffannoo qofaaf kan qophaa'edha. Ofii isaatii mirga ykn dirqama hin uumu. EUAA nis ta'ee namni EUAA bakka bu'ee hojjetu kamiyyuu odeeffannoo yaadannoo kana keessatti argamutti fayyadamuu danda'uuf itti gaafatamummaa hin qabu.

© Ejensii Koolugaltummaa Gamtaa Awurooppaa, 2025